**Dambii Lak. 189/2009**

**Dambii Giddugaleessa Aadaa Oromoo Hundeessuuf Bahe Lak.167/2006 Fooyyessuuf Bahe**

Dambii Giddugaleessa Aadaa Oromoo Hundeessuuf Bahe Lak.167/2006 Fooyyessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lak. 199/2008 keewwata 74(2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Giddugaleessa Aadaa Oromoo Hundeessuuf Bahe Lak.167/2006 Fooyyessuuf Bahe Dambii Lak.189/2009"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Fooyya'iinsa**
   1) Dambiin Lak.167/2006 keewwatni 8 (3) akkaataa armaan gadiitti fooyya'eera:

      **8(3)'** Karoora Giddugaleessichaa kan yeroo dheeraa fi gabaabaa, akkasumas sagantaa hojii waggaa fi baajataa qophaa'e gamaaggamuudhaan Mootummaaf ni dhiyeessa; raawwii isaa ni hordofa; ni too'ata.
   2) Dambiin Lak.167/2006 keewwatni 9 (4) fi (6) akkaataa armaan gadiitti fooyya'eera:

      **9(4)'** Karooraa fi baajata waggaa qopheessuun Mootummaaf ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha;

      **9(6)'** Gabaasaa fi raawwii hojii herregaa qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa.

3. **Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

   Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

4. **Dirqama Deeggarsa Kennuu**

   Namni kamiyyuu hojii irra oilman Dambii kanaatiif deeggarsa irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

5. **Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

   Dambiin kun **Onkoloolessa 4, bara 2009** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Muktaar Kadir**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**Onkololessa 4, bara 2009**

**Finfinnee**